ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اوروموا

Gaafa: 06/01/2017
Date: _____ تاريخ

Lakk.: **001/stm - abo/2017**
No.: _____ رقم

Du'aan Boqochuu Jaal Falmataa Sabaa (Nuuraddiin Adam) Ilaalchisee Ibsa Gaddaa ABO Irraa Kenname

Du'aan boqochuu qabsaawaa fi miseensa gameessa ABO Jaal Falmataa Sabaa (Nuuraddiin Adam) Addi Bilisummaa Oromoo gadda guddaadhaan ibsa.

Abbaa isaa Obbo Adam Mahammed Alii Xiqqaa fi haadha isaa Aadde Aashee Doolaal irraa bara 1962tti Baha Oromiyaa, Dhiha Harargee magaalaa Biyyoo Karaabaatti kan dhalate Jaal Falmataa Sabaa (Nuuraddin Adem) umrii joollummaatiin bara 1977tti biyya baqattummaadhaan itti godaane Jabuutiitti Caayaa Oromoo Jabuutii keessatti miseensomuudhaan dirqama lammuummaa isaa bahachuu eegale. Achi irraa bara 1982tti gara biyya Sa'ud Arabiyaa dabruudhaan Tokkummaa Hojjettoota Oromoo Riyaad (THOR) yeroo sana turetti miseensomuudhaan dirqama lammummaa isaa bahachuu itti fufe.

Jaal Falmataan (Nuuraddiin) yeroo sana irraa eegalee Sochii Qabsoo Bilisummaa Oromoo kan ABOdhaan hoogganamu irraa bifa gara garaatiin hirmaachuudhaan nama qooda ol'aanaa kennaa turee dha. Akka kanaan Jabuutii, biyya Somaaliyaa magaalaa Moqadishoo, biyya Sa'ud Arabiyaa magaalaa Riyaad, biyya Xaaliyaanii magaalaa Rome, biyya Kanaadaa magaalaa Torontootti hanga bara 1998tti akka miseensa Caayaa Oromoo fi Caayaa ABOtti, bara 1998 irraa eegalee ammoo miseensa ABO tahuudhaan hanga qondaalummaa ABO sadarkaa adda addaatti gaafatama fudhachuudhaan nama qooda mul'ataa kennee fi hojii boonsaa hojjechaa ture dha. Kanneen keessaa Kutaa ABO Kanaadaatti Dura Taa'aa Konyaa Torontoo, Miseensa Koree Hoji-Gaggeessituu (MKHG) Kutaa ABO Kanadaa fi Damee Dantaa Dinagdee ABO (DDD-ABO) Birkii Dhiheessii Alaa jalatti Gaafatamaa Kutaa Kanadaa tahuudhaan hojiin boonsaan inni hojjechaa ture isaan muraasa.

Goota qabsaawaa fi miseensa ABO gameessa kan tahe Jaal Falmataan (Nuuraddiin Adam) nama umrii ijoollummaa irraa qabee jirenya isaa QBO fi ABO taasifate dha. Qabsaawaa dhugaa kan beekumsaa fi qabeenya isaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo irraa hin qusannee fi haala kamuu keessatti dirqama lammummaa isaa bahachuuf kan dursa kennu ture. Jaal Nuuraddiin Adam nama Qabsoo Bilisummaa Oromoo fi Kaayyoo ABO irratti ejjennoo cimaa hin daddaaqne qabu kan haalaa fi yeroo kamuu keessatti QBO fi Dhaaba isaa ABOf gaachana ta'ee hamtuu hunda irraa ittisaa ture dha.

P.O.Box 6973 Asmara, Eritrea Tel: 2911110236, Email: Caalchis@gmail.com, www.oromoliberationfront.org

J/Falmataa Sabaa (Nuuraddin Adam) dirqama Dhaabaa cinaattis Boordii Hawaasa Oromoo magaalaa Torontoo keessatti filamee nama hojjachaa turee dha. Bakka sanattis hawaasa ijaaruu fi walitti dhufeenya ummataa cimsuu irratti jabinaan kan hojjechaa ture Jaala Hawaasni mararfatu, fakkii gaarii Qabsaawota Miseensota ABO akka ta'e seenaan isaa ni mul'isa. Jaarmaya Hawaasaa keessatti, keessatuu, Fincila Xumura Gabrummaa (FXG) biyya keessatti gaggeeffamaa jiruuf dirmachuudhaaf hiriira nagaa naannawa inni jirutti gaggeeffamaa ture qindeessuu keessatti nama qooda guddaa gumaachaa turee dha.

Jaal Nuuraddiin Adam Haadha Warraa isaa Aadde Rihaanaa Mohammad irraa ilmaan afur (4) dhiira tokkoo fi ijoollee dubraa sadii kan horate Abbaa ijoollee afurii ti.

Galma gahiinsa Qabsoo Bilisummaa Oromootiif hanga lubbuun jirutti waan qabuu fi waan danda`u hunda gumaachaa kan turee Jaal Falmataa Sabaa (Nuuraddiin Adam) osoo haala kanaan dirqama qabsoo irra jiruu dhihoo kana akka tasaatti dhukbsatee bakka jiraachaa ture biyya Kanaadaa magaalaa Torontoo irraa ka'ee wal'aansaaf gara biyya Keeniyaa magaalaa Naayroobii akka dhaqetti guyyaa kaleessaa Gaafa Amajjii 05, 2017 achumatti du'aan boqote. Jaal Falmataan (Nuuraddiin Adam) du'aan nu irraa adda bahus hojiin boonsaan inni bara jireenya isaatti hojjechaa turee fi fakkeenyummaan gaariin qabsaawummaa inni dhiisee dabre daaw'itii seenaa QBO tahee hoggayyuu jiraata.

Addi Bilisummaa Oromoo du'aan boqochuu Jaal Falmataa Sabaa (Nuuraddiin Adam) ilaalchisee maatii fi firoottan isaa, akkasumas, Miseensotaa fi Deggertoota ABO hundaaf obsaa fi jajjabina hawwa.

Qabsaawaan Ni Kufaa, Qabsoon Itti Fufa !

Injifannoo Ummata Oromoof !

Adda Bilisummaa Oromoo

Amajjii 06, 2017